


# Boorsaa Qabatanii Deeman Kunuunsa Daa'immanii fi Sagantaa Barnoota Jalqabaa Kanneen birootif



**Kun bakka karaa balbalaan baataanii qabachuu dandeessan irraati akka argamu mirkaneeffadhaa- yeroo dareen keessan kuttaa keessaa bahu hunda!**

- Boorsaa dugdaa, salphaatti adda baasuuf kan mallatteeffame
- Unka yeroo mudaamaa barattootaaf (fi hojjattootaaf)
- Qoricha “Baraarsaa” unka hayyamaa waliin
- Meeshaa gargaarsa jalqabaa
- Ifa harkaa(wwan) fi dhagaa issaa
- Meeshaa fooricuu
- Qaruuraa bishaanii kubayyaa waraqaa xixiqqoo wajjin fi/ykn qaruuraa (daa'immanii)
- Afaa ykn haguuggii lafa
- Uffata qorraa Mylar (2)
- Waraqaa lallaafaa, waraqaa mana fincaanii, fi/ykn haxaa'a qaama
- Nyaata salphaa umurii wajjin walsimu (foormulaa daa'immanii dabalatee)
- Daayipara (fi boorsaa pilaastikii kan gatamu) daa'immaniif, daa'imman xixiqqoodhaf, fi daa'imman fedhii addaa qabaniif ta'uu.
- Wantoota yeroo ittin daabarsan kan umurii wajjin walsimu (kitaabota, qalama, waraqaa fi kkf...)

## **Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” maalidha?**

Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” meeshaalee balaa tasaatiif barbaachisan of keessaa qaba. Wantoota muddaama/balaa mudate booda sa’aatii jalqabaa fi sanaa ol isin barbaachisuu danda’an of keessatti qabata. Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” dhiyeessii yeroo balaa keessaa qooda xiqqaa qofa kan of keessaa qabu yoo ta’u, garuu qophii fi deebii keessaniif kutaa ijoodha. Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” geejjibsiisuuf/deemuniniif salphaa ta’uu qaba. Boorsaan dugda (Boorsaa guyyaa) yeroo baayyee ba’aaf irra filatamaadha.

## **Boorsaan keenya Qabataniif fi Deeman maal of keessaa qabaachuu qaba?**

Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” odeeffannoo qunnamtii hatattamaa yeroo ammaa, meeshaa gargaarsa jalqabaa, qoricha “baraarsa”\* waraqaa wajjin, fi ibsaa harkaa of keessatti qabaachuu qaba. Afaa fi/ykn uffata qorraa umurii hundaaf qabaachuun ni gargaara. Meeshaalee biroo umurii daa’imman tajaajilamaniif mijatan itti dabala. (Boorsaan “Qabataniif fi Deeman” kee salphaatti baachuu akka dandeessu mirkaneessi.

## **Boorsaan Qabataniif fi Deeman daa’imman hundaaf foormulaa fi daayipara gahaa qabaachuu qabaa?**

Lakki. Boorsaan kun yeroo murtaa’eef fedhii hatattamaa guutuuf kan qophaa’e ta’uu isaa yaadadhu. Meeshaa dhiyeessii balaa guyyoota 3 kee keessatti dhiyeessii dabalataa qabaachuu kee mirkaneefadhu.

## **Boorsaa Qabataniif fi Deeman meeqatu nu barbaachisa?**

Boorsaan Qabataniif fi Deeman gidduqala kunuunsa daa’immanii keessanii keessatti kutaa tokkoon tokkoon isaaniif ykn naannoo kunuunsa daa’immanii mana keessanii tokkoon tokkoon isaaniif boorsaan walitti qabamuu qaba.

## **Boorsaa keenya Qabannee fi Deeminu eessa kaa’uu qabna?**

Boorsaan kee Qabatte fi Deemtu bakka hundatti daree kee waliin deemuu qaba. Daree keessatti, bakki itti kaa’attu inni gaariin fanno balbala yeroo baay’ee ba’uuf itti fayyadamtu irra jiru, (akkasumas karaa keessaa bahuun kee baay’ee carraa guddaa qabu). Yeroo daree keessaa baatu , yeroo hunda fudhadhu. Boorsaan kee Qabatte fi Deemtu dirree taphaatti, imala dirree irratti, shaakala ibiddaa irratti, ykn daree keessaa ba’uuf karoofame ykn karooraan ala ta’e kamiyyuu si waliin ta’uu qaba. Sagantaawwan tokko tokko yeroo ala jiran Boorsaa Qabataniif fi Deeman isaanii fannisuuf dirree tapha isaanii irratti okkoowwan kaa’ani iiru. Boorsaa Qabataniif fi Deeman yeroo hunda ijoolleen akka hin dhaqqabne ta’uu qaba. (Ammas, garmalee akka hin ulfaachiisnee – namni kamiyyuu lafa ijoolleen salphaatti bira ga’an irratti dhaabuuf yaaluu hin qabu.)

## **Yeroo yeroon Boorsaa keenya Qabataniif fi Deeman haaromsuu qabna mitiiree?**

Shakkii malee. Sirna odeeffannoo qunnamtii hatattamaa yeroo ammaa ta’ee akka turu taasisu qabaachuu kee mirkaneefadhu. Nyaanni, bishaan, baatiriin fi qorichi kamiyyuu guyyaa yeroon itti dhumu ilaali, meeshaalee sanas yeroo hunda guuti. Meeshaaleen gargaarsa jalqabaa guutummaatti akka guutaman taasisi.

Qorichi \*baraarsaa EpiPens®, qoricha asmii, ykn qoricha biroo kamiyyuu kan daa’imni murtaa’e tokko lubbuun jiraachuuf barbaachisuu danda’u of keessatti qabata.

*Gaaffii ykn odeeffannoo biroo akkaataa balaa tasaa fi balaadhaaf qophaa’uu dandeessan ilaalchisee, maaloo Gorsaa Kunuunsa Daa’immanii Narsii Fayyaa Hawaasaa keessan qunnamaa*